



---

**Xiinxala Gosootaa Himootaa Mammaaksota Oromoo**  
Girmaa Guddataa Addunyaa\*<sup>1</sup>

<sup>1</sup> Yuunivarsiitii Amboo (Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu)  
Email: [gudeta.girma97@gmail.com](mailto:gudeta.girma97@gmail.com)

Submission Date: September 07, 2020  
Acceptance Date: November 22, 2021

Full Length Research Paper

---

**Axareeraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa gosoota himootaa mammaaksonni Oromoo ittiin dhihaatan xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf immoo ragaalee xiinxala dookimentiirratti hundaa'etu mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuudhaan xiinxalame. Kunis, jildiwwan afur walumaagalatti tartiiba qubeedhaan mammaaksota 6981 qaban keessaa tooftaa iddatteessuu tasaa sirnawaatti (systematic random sampling method) fayyadamuudhaan mammaaksonni 1000 iddattoodhaaf filatame. Akka argannoon qorannichaa mul'isutti mammaaksonni Oromoo hanga marmaartii (frequency) isaaniitiin walcaalanis qoodama gosoota himaa caasaafi faayidaadhaan jiran hundaan dhihaachuu kan danda'aniidha. Qoodama gosoota himaa faayidaadhaan jiran keessaa mammaaksonni hima himamsaadhaan dhihaatan %99.5 yookiin daran olaanaadha. Haata'u malee, mammaaksonni qoodama caasaadhaan: hima dachaa(%31.2), hima salphaa (%29.3), hima xaxamaadhaan (%28.9) dhihaatan immoo hanga marmaartii isaaniitiin walitti dhiheenya qabu. Kanamalees, mammaaksonni Oromoo jechoota 2 hanga jechoota 22 irraa ijaaramuu danda'anis giddugaleessaan jechoota 6.24 irraa ijaaramuu danda'u. Walumaagalatti, mammaaksonni Oromoo unka himaa guutuudhaan sadarkaa himaatti dhihaachuu danda'uun qorannoo kanaan adda baafamee jira. Haata'u malee, mammaaksa Oromoo irratti qorannoon sadarkaa himaatti dirree qorannoo xiinqooqaan geggeeffamuu qabu ammayyuu waan hedduutu hafa. Fakkeenyaaf, kannen akka duraaduuba jechootaa, hennaafi gosa isaa, akkasumas caasaa himaailaalchisee hayyoonni xiinqooqaa osoo ittiyaadanii gaariidha.*

**Jechoota Ijoo:** Caasaa himaa, faayidaa himaa, gosoota himaa, mammaaksa, mammaaksa Oromoo, xiinqooqa

---

### Abstract

*This study examines the sentence type of Oromoo proverbs. The basic objective is to reveal the overriding sentence type employed in Oromoo proverbs. To meet this end, based on document analysis both qualitative and quantitative research methods were used. The universe of this study consist of 6981 proverbs in four volumes of Oromoo proverbs collection and the sample size is determined as 1000. The numbers of samples were selected using systematic random sampling method. Findings show that based on sentence category of structure and function even though they are not equal in their frequency, all sentence types were used in Oromoo proverbs. In structure category, compound (31.2%), simple (29.3%) and complex (28.9%) sentences are significantly used. It is remarkably seen that from function category declarative sentences (99.5%) are much more used rather than interrogative (0.3%), imperative (0.1%) and exclamatory (0.1%) sentences. Findings also show that the shortest proverbs were found to have 2 words while the longest had 22 words. However, it was found that the mean Oromoo proverb word length was 6.24. To conclude, Oromoo proverbs are always based on some form of sentence structure. However, further research in the area of linguistics needs to be conducted. Therefore, it is important to conduct further studies by scholars of linguistics.*

**Keywords:** Sentence structure, function of sentence, sentence types, proverb, Oromoo proverb, linguistics

### 1. Seensa

Uummanni Oromoo akka uummata Kuushummaa isaatti Itiyoophiyaa dabalatee naannoo Kaaba Baha Afrikaa keessatti seenaa jireenyaa waggoottan 8000 ol ta'e qaba (Alamaayyoofi kuuwwan ,1998).Kanamalees, Mengesha(1992) akka ibsutti uummatichi Itiyoophiyaan alatti Keeniyaa Sumaliyaa keessa baay'inaan jiraachaa jira.Afaan uummati Oromoo dubbatu, Afaan Oromoo, maatiwwan Afaan Kushtikii Bahaa gammoojjii jalatti ramadama. Afaan Oromoo afaanota Afrikaa keessatti bal'inaan dubbataman keessaa Afaan Arabaafi Hawusaatti aanee sadarkaa sadaffaarratti argama (Mokonen 2002; Haamiid Muudee1995; Fayisa, 1996).

Haata'u malee, akka Fayisa (1996) jedhutti Afaan Oromoo afaanota ardii Afriikaa keessaa afaan qoratamuurratti sadarkaa gadiirratti argamuudha. Kanaaf, immoo sababni guddaan mootummoonni Itoophiyaa darban, kanneen hanga baroota 1991tti ALA turan, Itoophiyaa keessatti Afaan Amaaraadhaan alatti afaanota biroo kanneen akka Afaan Oromoodhaan akka hinbaranneefi hinbarreessine seeraan dhorkaa turuu isaaniiti. Kun immoo sirnoota mootummoota Itoophiyaa adda addaa keesstti afaanichi yeroo dheeraaf hacuucamaa turuu agarsiisa.

Afaan Oromoo Afaan barreeffamaafi qorannoo ta'ee tajaajiluurratti yeroo dheeraaf hacuucamuus uummanni Oromoo aadaa, eenyummaa, seenaa, duudhaafi falaasama isaa afaaniin (orally) walbaransiisaafi walitti dabarsaa har'a gahe.Kana keessatti immoo ogafaan gahee guddaa qaba. Goorowwan ogafaanuummatichi safuu, duudhaa, aadaafi falaasama isaa ittiin walbaransiisaafi walitti dabarsaa ture keessaa immoo mammaaksi tokko. Kanaan walqabatee Adeyemi(2005:60) "Proverbs remain from time immemorial until today a very

powerful and effective instrument for the transmission of culture, philosophy, social morality and values and the sensibility of the people” jechuun ibsa.

Akka Norrick (2014) ibsutti mammaaksaafn hiika walta’aafi giddugaleessa ta’e tokko kennuun rakkisaadha. Haata’umalee, hayyoonni adda addaa kallattii xiyyeeffannoo isaaniirratti hundaa’uun hiika garaagaraa nikennu. Fakkeenyaaf, Taylor (2003) akka jedhutti mammaaksi gooroo ogafaanii duudhaa, safuu, dhugaafi sanaawwan hawaasaa calaqqisisuudha. Kanamalees, Ehondor(2017)mammaaksi madda malleen dubbii ta’uu dubbata. Yankah (1989) immoo mammaaksi mi’eessituu dubbii akka ta’e ibsa.Mammaaksi qunnamtiiwwan hawaasni Afriika karaa hasawaa afaanii (oral communication) taasisu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kanaaf, mammaaksi Afrikaa keessatti ‘handhuura qunnamtii dubbiiiti’jedhamuun ibsama (Oduaran and Oduaran, 2006).

Mammaaksi akkuma haasawaa hawaasa Afrikaa biroo keessaatti barbaachisaafi beekamaa ta’e, hasawaa hawaasa Oromoo keessattis baayyee barbaachisaa ta’uutu mula’ata.Kanaafis, hawaasni Oromoo mammaaksi hasawaa/dubbii keessatti baayyee barbaachisaa ta’uu, ‘Mammaaksi koobaa dubbiiiti’, ‘Mammaaksi waalama, tokko dubbiiifida; tokko dubbiiifixa’, ‘Dubbiin mammaaksa hinqabneefi ittoon soogidda hinqabne tokko’ jechuun ibsa. Egaa qabeenyi hawaasichaa kun kallatti dirree qorannoo adda addaan qoratamee caalaatti akka beekamu taasisuun barbaachisaadha.

Qorannoon mammaaksaa seenaa dheeraa qabaatus, afaanota addaa addaa keessatti kallattii dirree xiinqooqaatiin keessumaa ija caasaafi xinhimarratti hundaa’uun qoratamuu kan jalqabe jaarraa 20<sup>ffaa</sup> keessadha (Enzhe-fi kawwan, 2017). Haata’u malee, afaanota Afriikaas ta’ee addunyaa biroon walbira qabamee yoo ilaalamu qorannoowwan kallattii xiinqooqaatiin mammaaksota Oromoorratti hanga qoratichi sagatta’eetti qorannoon geggeeffame hinmul’atu. Keessumaa immoo gosoota himaa mammaaksonni Oromoo ittiin dhihaatanirratti qorannoon geggeeffame hinjiru.Kanaaf, qorannoo kana geggeessuuf wanti nakakaase akkuma mammaaksota Afrikaafi addunyaa biroo gosoota himaa mammaaksonni Oromoo ittiin dhihaachuu danda’an kallattii xiinqooqaan xiinxaluun barbaachisaa ta’uu isaati.Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaa hanga argammiifi gosoota himootaa mammaaksota Oromoo keessatti argaman (*the frequency and type of sentence in Oromo proverbs*) akkasumas baayina jechootaa mammaaksonni Oromoo irraa ijaaramanxiinxaluudha.

## 2. Sakatta’a Barruulee

Aristootil irraa eegalee hanga ammaatti hayyoonni hedduu dirree barnootaa adda addaa irraa mammaaksaaf hiika kenna turan (Mieder, 2004).Haata’umalee,mammaaksaaf hiika giddugaleessaa tokko kennuun rakkisaa akka ta’e hayyoonni garaagaraa ni ibsu.Isaan keessaa muraasaa yoo ilaallu, Grzybek (1994, f. 227) “There is no generally accepted definition which covers all specifics of the proverbial genre” jedha.Akka yaada isaa kanattis, hiikni mammaaksaa dhimmoota mammaaksaa murtaawwoo hunda iddoo tokkotti qabachuun akka waliigalaatti fudhatamu hinjiru. Gama biraatiin yaaduma kana kan deeggaru Finnegan (1970, f. 383) yoo ibsiti “The exact definition of ‘proverb’ is not easy matter” jetti. Akka yaada kanaatti immoo, mammaaksaaf hiika tokko qofaa kennuun ulfaataa ta’uutu hubatama.

Dabalataanis, Taylor (1931) caacculeefi amaloota isaa hunda haala hammachuu danda'uun mammaaksaaf hiika murtaa'aa ta'e tokko kennuun rakkisaa ta'uu ibsa. Walumaagalatti, yaada hayyoota kunneenirraa mammaaksaaf hiika waalta'aa tokko qofa kennuun rakkisaa ta'uu isaati. Haata'u malee, mammaaksaaf hiika kennuun hindanda'amu jechuu akka hintaane hubachuun barbaachisaadha. Kanaaf, hiika giddugaleessaan namoota hundaa biratti akka waliigalaatti fudhatama qabu tokko kaa'uun rakkisaa ta'us, hayyoonni gagaagaraa kallattiiwwan xiyyeeffannaa adda addaa isaaniitiin mammaaksaaf hiika yemmuu kennan bal'inaan ni mul'ata.

Mammaaksi beekumsa hawaasaa ta'ee jiruufi jireenya hawaasaa waliin dhimmoota walqabatan keessaa kanneen akka ogummaa, dhugaa, haamilee, muuxannoo, barumsaafi gorsa of keessatti qabachuun haasawaa bifa himaan dhalootaa dhalootatti daddarbuudha (Meider, 1993). Akkasuams, Finnegan (1970, f. 383) malummaa mammaaksaaf ilaalchisee "It is a saying in more or less fixed form marked by 'shortness, sense, and salt' and distinguished by the popular acceptance of the truth tersely expressed in it." jetti. Yaada kanarraas mammaaksi haasawaa unkaa dhaabbataa kanneen akka gabaabbinaa, hiika qabeessummaa, mi'aahummaa of keessaa qabaachuun hawaasa bal'aa biratti fudhatama qabu ta'uutu hubatama.

Dabalataanis, Belfatmi (2013) akka ibsutti, mammaaksi gooroo ogafaanii keessaa tokko ta'ee amaloota aadaa hawaasa tokkoo kanneen ta'an: barsiifata, amantaa (beliefs), diimokraasiifi koorniyaa gama eeyyessancalaqqisiisa. Salzmann (1998) immoo mammaaksi haasaa gabaabaa ta'ee yaada akka waliigalaatti dhugaadha jedhamee fudhatamu ofkeessatti hammachuu isaa ibsa.

Walumaagalatti, hiika hayyoonni adda addaa mammaaksaaf kennan yoo ilaalle, gooroo ogafaanii keessaa isa tokko ta'ee kan himoota gaggabaabootiin dubbtamu, ergaa mi'aahummaa namoonni hedduun dhugaadha jedhanii fudhatan kan ofkeessaa qabuufi aadaa, barsiifata, muuxannoo akkasumas duudhaa saba tokkoo kan ibsuudha. Kanamalees, mammaaksi unkaa himaa qabaachuun dubbii qolaa fayyadamuudhaan hawaasa gorsu, barsiisuuf kan tajaajiluudha.

Akka hayyoota seerluga duriitti (LaPalombara, 1976, f. 76) himaaf hiika "a group of words containing a subject plus a predicate and expressing a complete thought" jedhu kenna. Yaada kanarraas, himni garee jechootaa mathimaafi waahima (predicate) qabaachuun yaada guutuu ibsuudha. Haata'umalee, hayyoonni seerluga ammayyaa immoo hiika kanatti hinguufani. Kunis, hayyoonni seerluga ammayyaa hiikni hayyoota seerluga duriin kenname ifa kan hintaaneefi baay'ee bal'aa ta'uu qeequ. Akka qeeqa isaaniitti himni kamiyyuu matimaafi waahima qabaachuuqofaan ibsamuun gahaa miti. Yaada kana deeggaruun Alduais (2012, f. 215) yoo ibsu "A sentence is a group of words within which a full syntactic analysis is possible yet which has at least one deep structure and a surface structure or vice versa, usually a sentence will have the same surface and deep structures." jedha. Akka yaada kanaatti himni garee jechootaa xiinxalli xiinhimaa guutuun gaggeeffamuu danda'uufi yoo xiqqaate caasaa gadifagoo tokkoofi caasaa irra keessaa qabu ykn karaa biraatiin yoo xiqqaate caasaa irra keessaa tokkoofi caasaa gadifagoo qabuudha. Haata'umalee, himni yeroo baayyee caasaawwan irra keessaafi gadifaagoo walfakkaataa qaba.

Gama biraan, akka Galmeen Jechaa Kaambiraaji (Cambridge Dictionary) ibsuutti, himni garee jechootaa matimaafi xumura of keessaa qabaachuun yaada himamsaa, gaaffii, ajajaafi raajeffannoo ibsu ta'ee, barreeffama keessatti qubee guddaan eegaluun xumurarrati sirnoota tuqaalee kanneen akka tuqaa, mallattoo gaaffiifi mallattoo raajeffannaadhaan barreeffamuudha.

Walumaagalatti, maalummaa himaa ilaalchisee yaadawwan olitti ibsaman irraa wanti hubatamu himnigaree jechootaa yoo xiqqaate mathimaafi xumura akkasumas caasaa irra keessaafi gadifagoo qabaachuun barreeffama keessatti qubee guddaan eegaluun sirna tuqaalee tuqaa, ykn gaaffii ykn mallattoo raajeffannoon xumuramuu danda'u ta'ee dhaamsa guutuu dabarsuudha.

Himoonni caasaafi faayidaa isaaniirratti hundaa'uudhaan gosoota garaagaraatti qoodamu. Casaa isaaniirratti hundaa'uudhaanykn baayyinaafi gosa ciroo of keessaa qabaniin himoonni gosoota afur: hima salphaa, dachaa, xaxamaafi dachaa xaxamaatti qoodamu (Marjolijn and Kim, 2000). Kunis himni salphaa ciroo of danda'aa tokko qofa kan of keessaa qabu yemmuu ta'u himni dachaa garuu yoo xiqqaate ciroowwan of danda'aa lamarraa kan ijaaramuudha. Himni xaxamaa immoo ciroo of danda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaarama. Himni dachaa xaxamaa ciroowwan of danda'aa lamaafi isaa ol akkasumas ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaarama (Mac Coinnigh, 2015; Kouega, 2017; Kaptanoğlu, 2019; Marjolijn and Kim, 2000). Gama biraan, Rivero (1978) gosoota himootaa faayidaa isaaniirratti hundaa'uudhaan afur: hima himamsaa, hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa ta'uu ibsa. Egaan qorannoo kana keessattis gosoota himootaa caasaafi faayidaa irratti hundaa'uun qoodaman kunneen bu'uura godhachuudhaan mammaaksonni Oromoo xiixalamani jiru.

Hiikawwan hayyoonni garaagaraa maalummaa mammaaksaarratti kennan keessaatti mammaaksi unkaa himaan dhihaachuu isaa bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, Mieder (1985, f. 119) "A proverb is a short, generally known sentence of the folk" jedha. Akka yaada kanaattis, mammaaksi gabaabaa ta'ee unkaa himaan dhihaachuu isaatu hubatama. Gamabiraatiin, Winick (2003, f. 595) immoo mammaaksi gabaabaafi sadarkaa dheerina himaatti dhihaachuu isaa "Proverbs are brief (sentence-length) contextualized utterances" jechuun ibsa. Haaluma walfakkaatuun, Mieder (1993, f. 25) mammaaksi beekumsa unkaa himaatiin ibsamu ta'uu isaa "A proverb is wisdom expressed in a sentence" jechuun mirkaneessa. Walumaagalatti, yaada hayyootaa kunneen irraa mammaaksi unkaa himaa qabaachuun sadarkaa dheerina himaatti akka dhihaatuufi hima ta'uu isaatu hubatama.

Akka waliigalaatti yemmuu ibsamu mammaaksonni guutummaatti dhimma xiinhimaa bakka nibu'u. Kanaaf, akka himaattis xiinxalamuu nidanda'u. Gosoota himaa garagaraanis dhihaachuu nidanda'u. Kunis kallatti xiinhimaatiin ykn caasaadhaan yoo ilaalaman bakka gurguddoo afuritti qoodamuu danda'u. Qoodinsi kunis hangaafi gosoota ciroo (ciroo ofdandaafi hirkataa) isaan ofkeessaa qabanirratti hundaa'a. Gosoonni himootaa kunneenis: hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dacha xaxamaa ta'u (Enzhe K, fi kawwan 2017, Mac Coinnigh, 2015).

Haaluma walfakkaatuun, qorattoonni garaagaraas afaanota adda addaa keessatti mammaaksonni unkaa himaan dhihaachuu mirkaneessanii jiru. Fakkeenyaaf, MacCoinnigh (2014) mammaaksotaa afaanota adda addaa: Afaan Ingilizii, Faransaay, Ispeen, Jarmaaniifi

Arabaa keessaa fudhachuun mammaaksonni afaanota kunneen keessatti hanga argammii isaanitiin gargar ta'aniis gosoota himootaa hundaan (all possible sentence types) dhihaachuu danda'uu qorannoo isaa keessatti agarsiisee jira. Haaluma walfakkaatuun, Litovkina (1990)fi MacCoinnigh (2012) mammaaksota afaanota kunneen akka Iriishii, Hangaariifi Ruusiyaa keessatti gosoota himoota mul'atan xiinxaluun himni salphaa bal'inaan mul'achuu eeru. Walumaagalatti qorattoonni kunneen gosoonni himootaa mammaaksonni ittiin dhihaachuu danda'an caasaadhaan: hima salphaa, hima xaxamaa, hima dachaafi hima dachaa xaxamaa; akkasumas, faayidaadhaan: hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo ta'uu adda baasanii jiru. Akkasumas, qorannoo isaanii keessatti mammaaksonni gosa himaa isa kamiin hagam akka dhihaachuu danda'anillee agarsiisanii jiru.

Egaan haaluma walfakkaatuun qorannoon kunis mammaaksonni Oromoo gosoota himaa isaan kamiin akka dhihaatan xiixaluuf geggeeffame. Dabalataan, mammaaksonni Oromoo kunneen gosoota himaa kamiin hagama akka dhihaatan beekuufixiinxalamee jira.

Qorannoon kun yaaxxina xiinqooqaa ibsaairratti kan hundaa'e ta'ee moodela qorannoo MacCoinnigh (2014) madaksuun kan fayyadameedha. MacCoinnigh (2014) qorannoo isaa keessattis ijaarsa caasaa (structural architecture) mammaaksota afaanota garaagaraa gadifageenyaanagarsiise. Qorannicha keessattis safartuu caasaa (structural tools) mammaaksotaa akaakuuwwan shanitti qooduun xiinxalee jira. Isaanis, himootaafi gaaleewwan, xinhimaafi caasaa, agarsiistuu caasaa (structural marker) fi tartiiba jechaadha. Isaan keessaagosa himaafi gaalee jalatti caasaa himaan: mammaaksotaa salphaa, xaxamaa, dachaafi dachaa xaxamaa jechuun garee afuritti qooduun xiinxaleera. Akkasumas, qoodinsa biraan gosoota himootaa mammaaksota keessatti argaman afur: hima himamsaa, hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa ta'uu ibsaera. Kanaaf, qorannoo koo kana keessattis bifuma walfakkaataa ta'een safartuu caasaa mammaaksotaa shanan keessaa gosoota himaa irratti hundaa'uun mammaaksota Oromoo keessatti himoonni argaman isaan kam akka ta'aniifi tokkoon tokkoo gosoota himootaa kunneen hagam akka mul'atan xiixaluun ibseen jira.

### 3. Malleen Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kana hangaafi gosoota himootaa (*the frequency and type of sentence in Oromo proverbs*) mammaaksota Oromoo keessatti argaman xiinxaluudha. Kaayyo kana galmaan gahuufis ragaalee xiinxala dookumentiin argame mala qorannoo akkamtaa itti fayyadamuun xiinxalli geggeeffamee jira. Kunis mammaaksonni gosoota himootaa walfakkaataa ta'een dhihaatan garee tokko jalatti qoodamuun jechaafi keyyataan ibsamuun xiinxalamani jiru. Hanga argammii (frequency) gosoota himootaa beekuuf immoo gabatee keessatti lakkoofsaafi dhibbantaan qindeeffamuun xiinxali taasifamee jira.

Qorannoo kanaaf madda ragaalee qorannoo ta'anii mammaaksonni fudhataman kitaabilee mataduree walfakkaataa “Mammaaksa Oromoo Hiika Waliin” jedhan jildiiwwan afuriin (Jildii-1, Jildii-2, Jildii-3, Jildii-4) Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti Garee Qormaata Afaan Oromoodhaan maxxanfamanidha. Akkuma seensa kitaabilee kunneenii keessatti qopheessitoonni ibsanitti mammaaksonni kitaabilee kunneen keessatti dhihaatan guutuu Oromiyaa irraa walitti qabaman. Qindeessitoonni kitaabilee kanaas Abarraa Nafaafi Warquu Dachaasaa yemmuu ta'an, gulaatuun olaantuu immoo Dirribee Qana'aati. Haala maxxansa

jildiiwwan kunneenii ilaalchisee immoo Jildii tokkoffaan alatti jildiiwwan kaan maxxansa tokkoffaadha. Jildiin tokkoffaa garuu maxxansa lammaffaa qaba. Kanaaf, qorannoo kanaaf kan fudhataman kan jildii tokkooffaa maxxansa lammaffaa yoo ta'u jildiiwwan lammaffaa, sadaffaafi araffaa immoo maxxansa tokkoffaadha. Jildiiwwan qorannichaaf fudhataman hundinuu bara 2007 maxxanfaman. Walumaagalatti odeeffannoon dabalataa waa'ee jildiiwwan qorannichaaf fudhatamanii ilaalchisee hubatamuu qaban akka armaan gadiitti gabateen dhihaatanii jiru.

L	Matduree Kitaabichaa	Bara maxxansaa	Baay'ina fuulaa	Tartiiba qubee mammaaksota hammatee	Baay'ina mammaaksota hammatee
1	Mammaaksa Oromoo Hiika Waliin(Jildii-1)	2007	393	A-D	2210
2	Mammaaksa Oromoo Hiika Waliin(Jildii-2)	2007	344	D-N	1957
3	Mammaaksa Oromoo Hiika Waliin(Jildii-3)	2007	291	N-S	1553
4	Mammaaksa Oromoo Hiika Waliin(Jildii-4)	2007	237	S-Y	1261
<b>Baa'ina Waliigalaa Mammaaksotaa</b>					<b>6981</b>

Akka seera qorannootti jamaa qorannoo tokkoo hunda fudhachuun qorannoo geggeessuun yeroo hunda hojiirra ooluu hindanda'u (Spiegel and Stephens, 1999). Kanaaf, haala amansiisummaa qabuufi to'atamuu danda'uun iddattoo filachuun argannoo waliigalaa tokkorra gahuun nidanda'ama. Kanaaf immoo hanga iddattoo fudhatamuu murteessaadha. Qorannoo tokko keessatti hanga iddattoo fudhatamu murtoo qorataafi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'a malee shallaggii heerregaa hinqabu. Haata'u malee, hanga iddattoo fudhatamu bu'uura amansiisummaa akka qabaatuufi sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'uuf qorannoowwan walfakkaataa kanaan dura hayyoota adda addaan hojjetaman waliin walitti dhiheenya qabaachuu qaba (Sykes and Hoinville, 1985). Kanaaf, qorannoowwan hayyoonni addaa addaa afaanota garaagaraa irratti kallattii qorannoo kanaan walfakkaatuun hojjetan sakatta'uun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, Mahgoub (1968) mammaaksota warra Kaayiroo [Ijibitii] keessaa mammaaksota 900, Levin (1968) mammaaksota Ruusiyaa walitti qabamanii maxxanfaman keessaa mammaaksota 1400, Silverman-Weinreich (1981) mammaaksota Yiddish walitti qabamanii maxxanfaman keessaa mammaaksota 300, Tóthné Litovkina (1990) mammaaksota Hangaarii keessaa mammaaksota 317, akkasumas MacCoinnigh (2012) mammaaksota Irishii keessaa mammaaksota 1000 filachuun gosoota himootaa mammaaksonni ittiin dhihaatan irratti hojjetanii jiru. Qorannoowwan kunneen xiyyeeffannoo keessa galchuun mammaaksota Oromoo walitti qabamuun jildiiwwan arfan olitti ibsaman keessatti maxxanfaman keessa mammaaksonni 1000 qorannoo kanaaf filatamanii jiru.

Tooftaan iddatteessuu qorannichaaf hojiirra oole, iddatteessuu carraa keessaa tooftaa iddatteessuu tasaa sirnawaa (*systematic random sampling method*)dha. Sababiin tooftaan kun

filatameefis mammaaksota Oromoo tartiiba qubeen jildiiwwan arfan keessatti tartiibuma lakkoofsaan galmaa'anii taa'aniin carraadhaan filachuuf mijataa waan ta'eefidha. Bu'uuruma kanaan jalqaba baay'ina lakkoofsa mammaaksotaa jildiiwwan arfan keessatti argamanii ida'uun ( $2210+1957+1553+1261=6981$ )hanga iddattoo murteeffameef hiramee garagarummaan (interval) adda bahe( $6981\div 1000=6.981\approx 7$ ).Sana booda ka'umsa argachuuf lakkoofsota 1 hanga 7 keessaa carraa tasaan lakkoofsa 4tu filatame. Kanaaf, ka'umsarratti mammaaksa jildii tokkoffaa keessatti lakkoofsa 4 irra jirutu fudhatame jechuudha.Ittifufuun, jilduma tokkoffaa keessatti mammaaksi itti aanee fudhatame mammaaksa lakkoofsa 11 irra jiru yoo ta'u, haaluma walfakkaatuun hanga dhumaatti garaagrummaa lakkoofsa torbaan kanneen hafanis jildiiwwan arfan keessaa waliigalatti mammaaksonni 1000 filatamanii jiru.

#### 4. Xiinxala Ragaalee

Kutaa kana jalatti xiinxalli ragaalee mataduree sadiitti qoodamee dhihaate.Isaanis, gosoota himaa mammaaksota Oromoo Caasaa isaaniitiin, gosoota himaa mammaaksota Oromoo faayidaa isaaniitiin akkasumas baay'ina jechootaa mammaaksonni Oromoo irraa ijaaramaniidha. Isaan kunneenis akka itti aanutti tartiibaan dhihaatanii jiru.

##### Gosoota Himaa Mammaaksota Oromoo Caasaa Isaaniitiin

Mammaaksonni gosoota himaa garaagaraan dhihaatu. Himoonni kunneenis Ija xinhimaatiin (syntactic perspective)yoo ilaalaman baay'ina ciroowwan ofdanda'aafi hirkataa irraa ijaaraman irratti hundaa'uun gosoota himaa afuritti (hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa) qoodamuu danda'u ( Kaptanoğlu, 2019; Mac Coinnigh, 2015).

##### 4.1.1. Hima Salphaa

Gosa himaa isa bu'uura ta'eefi ciroo ofdanda'aa tokko (kan matihimaafi waahima agarsiisu) ofkeessaa qabuudha.Haata'u malee, gosti himaa kun ciroo hirkataa of keessaa hinqabu (Mac Coinnigh, 2015; Kouega, 2017; Kaptanoğlu,2019).Haaluma kanaan qorannoo kanaanis mammaaksota Oromoo keessaas mammaaksonni gosa hima salphaadhaan dhihaatan bal'inaan jiraachuu isaaniitu hubatame (gabatee 1 ilaali).Isaan keessaa akka fakkenyaatti mammaaksota armaan gadii haa ilaallu.

- a. Abdiin hirbaata hiyyeessaati. (Jildii-1, f. 60)
- b. Abiddaafi ijaallee waliin hintaphatan. (Jildii-1, f. 60)
- c. Fayyaan cululleedha. (Jildii-2, f. 95)
- d. Namni ormaafi lubbuun namatti hinhaftu. (Jildii-3, f. 29)
- e. Simbirri gamni oobdii xaafii teessi. (Jildii-4, f. 14)

Mammaaksonni olitti akka fakkenyaatti tarreeffaman (a-e) hundi ciroo of danda'aa tokko tokko irraa ijaaramani.Kunis, mathimaafi xumura qeenxee irraa ijaaramani. Bu'uuruma kanaan, mammaaksota“a”, “c”, “e” irra jiran yoo ilaalle, walduraa duubaan matima qeenxee “Abdiin”, “Funyaan”, “Simbirri gamni”akkasumas xumura qeenxee “-ti”, “-dha”, “teessi” of keessaa qabu. Kanamalees, mammaaksonni “b” fi “e” irra jiran immoo walduraa duubaan



matihima dachaa “Abiddaafi ijoollee”, “Namni ormaafi lubbuun” fi xumura qeenxee “hintaphatan”, “hinhaftu” irraa ijaaraman. Walumaagalatti, mammaaksonni kunneen ciroo hirkataa kan of keessaa hinqabneefi dhaamsa guutuu tokko tokko dabarsuu isaaniitu hubatama. Kun immoo gosa hima salphaa jalatti akka ramadaman isaa taasise.

#### 4.1.2. Hima Dachaa

Himni dachaa gosa himaa ciroo ofdanda’aa lamaafi isaa ol of keessaa qabuudha. Kana jechuun gosti himaa kun yoo xiqqaate ciroo of danda’aa lama of keessaa qaba jechuudha (Kouega, 2017; Mac Coinnigh, 2015; Marjolijn and Kim, 2000).

Haaluma kanaan, mammaaksota Oromoo yoo ilaalle, qorannoo kanaanis mammaaksonni gosoota himaa dachaadhaan dhihaatan harka caalaatti jiraachuu isaaniitu irra gahame (gabatee 1 ilaali).

Fakkeenyaaf:

- a. Ayyoo ganama garaa jalatti nabaatti; fixeensaan na dayatti; guyyaa dugdattina baatti; aduun na dayatti; jaalaluma isheetuu wallaale; jette ilmoom jaldeessaa. (Jildii-1, f. 19)
- b. Dubartiin dhiiraan rafti; dhiirri dallaan rafti. (Jildii-2f. 9)
- c. Qarabaa muka bitu; intala haadha fuudhu. (Jildii-3, f. 130)
- d. Qotiyyoo dura hinmeesan; qaalluu dura hinfaradan. (Jildii-3, f. 154)
- e. Sibraa lubbuudha; ijoolleef tapha. (Jildii-4, f. 10)

Akkuma mammaaksota olitti akka fakkeenyaatti “a – e” irratti tarreeffaman irraa hubachuun danda’amu, hundi isaanii ciroo of danda’aa dachaa ykn hima salphaa dachaa irraa ijaaraman. Kunis, mammaaksi “a” irra jiru ciroowwan of danda’aa ykn himoota salphaa jaha (6) of keessaa qaba. Akkasumas, mammaaksonni hafan “b-e” immoo ciroowwan of danda’aa lama lama irraa ijaaraman. Kanaaf, mammaaksonni kunneen immoo caasaa akkanaa qabaachuun gosa hima dachaa jalatti ramadamuu danda’uu isaanii mirkananeessa.

#### 4.1.3. Hiama Xaxamaa

Himni xaxamaa ciroo of danda’aa tokkoofi hirkataa tokkoofi isaa ol kan of keessaa qabuudha (Kouega, 2017; Kaptanoğlu, 2019; Mac Coinnigh, 2015). Mammaaksonni Oromoo gosa himaa kanaan dhihaatanis nijiru.

Fakkeenyaaf:

- a. Masaanuun yoo kufan waan caban yoo caban waan du’an seeti. (Jildii-1, f. 10)
- b. Funyaan yoo dhahan ijatu booha. (Jildii-2, f. 115)
- c. Namni wallaalaan yoo dubbatu, lafee nama cabsa. (Jildii-3, f. 41)
- d. Waan abbaan jaalate, rajijiin dalluudha. (Jildii-4, f. 92)
- e. Waan alangaan deemtuuf fardi hinwallaaltu. (Jildii-4, 94)

Mammaaksonni armaan olitti mataduree 6.1.3. jalatti “a-e”tti tarreeffaman hundi ciroo ofdanda’aa tokko qofaafi ciroowwan hirkataa irraa waan ijaaramaniif gosa hima xaxamaa

jalatti ramamadamu.Mammaaksi “a” irratti dhihaate ciroo of danda’aa tokkoofi ciroowwan hirkataa afur of keessaa qaba.Kunis, ciroo of danda’aa “Masaanuun seeti” jedhuufi ciroowwan hirkataa “yoo kufan”, “waan caban”, “yoo caban” fi “waan du’an” irraa ijaarame.Mammaaksonni hafan “b-e” immoo ciroo of danda’aa tokkoofi ciroo hirkataa tokko of keessaa qabu.Kanaaf, mammaksonni Oromoo caasaa akkaanaa of keessaa qaban kunneen immoo hima xaxamaa ta’uu isaaniitu hubatama.

#### 4.1.4. Hima Dachaa Xaxamaa

Himni dachaa xaxamaa yoo xiqqate ciroowwan of danda’aa lamaafi ciroo hirkataa tokko kan ofkeessaa qabuudha (Mac Coinnigh, 2015; Marjolijn and Kim, 2000; Kaptanoğlu, 2019). Haaluma kanaan, hiika hayyoonni kunneen hima dachaa xaxamaaf kennan kana bu’uura taasifachuun mee mammaaksota Oromoo akka fakkeenyaatti armaan gaditti dhihaatan haa ilaallu.

Fakkenya:

- a. Bara siif tole gumaa saree keetii baasi; bara sitti bade gumaa abbaa keetiyyuu balleessi. (Jildii-1, f. 170)
- b. Ani hinkolfu; ati hinseeqxu; waanan siqabuuf, ati hinbeektu. (Jildii-1, f. 201)
- c. Waan hinargine, hinbarbaadan; waan hinhiixanne, hinqaqqaban. (Jildii-4, f. 105)
- d. Yoo qaban daadhii horfu, yoo dhaban aarii kolfu. (Jildii-4, f. 184)

Egaan mammaaksota olitti mataduree 6.1.4. jalatti akka fakkeenyaatti tarreeffaman kunneen irraa ilaaluun akkuma danda’amu, yoo xiqqaate ciroo of danda’aa lamaafi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol qabu.Haaluma kanaan, mammaaksi “a” irra jiru ciroowwan hirkataa “bara siif tole”, “bara sitti bade” fi ciroowwan of danda’aa “gumaa saree keetii baasi”, “gumaa abbaa keetiyyuu balleessi” jedhan of keessaa qaba.Akkasumas, mammaaksi “b” irra jiru ciroo of danda’aa sadii : “Ani hinkolfu” , “ati hinseeqxu” , “ati hinbeektu” fi ciroo hirkataa tokko “waan siqabuuf” jedhu irraa ijaarame.Mammaaksonni “c” fi “b” irra jiran duraaduubaan ciroo of danda’aa : “ hinbarbaadan”, “hinqaqqaban” , “daadhii horfu”, “aarii kolfu” fi ciroowwan hirkataa: “waan hinargine”, “ waan hinhiixanne”, “yoo qaban”, “yoo dhaban” jedhan of keessaa qabu. Walumaagalatti, gosootaafi baayyina ciroowwan mammaaksota kunneen irraa ijaaraman irraa mammaaksonni Oromoo gosa hima dachaa xaxamaa jalatti ramadaman jiraachuutu hubatama.

Gabatee 1. Hanga Argammii Gosoota Himaa Mammaaksota Oromoo (Caasaadhaan)

TL	Gosa Himaa	Hanga deddeebii gosoota himaa	100%
1	Hima Salphaa	293	29.3
2	Hima Dachaa	312	31.2
3	Hiam Xaxamaa	289	28.9
4	Hima Dachaa Xaxamaa	106	10.6
	<b>Ida’ama</b>	<b>1000</b>	<b>100</b>

Gabatee 1 keessatti ragaa dhihaatterraa ilaaluun akkuma danda'amu, hangi argammii hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa haala duraaduuba isaaniitiin 293 (%29.3), 312 (%31.2), 289 (%28.9) fi 106 (%10.6) ta'u. Ragaa kana irraa immoo mammaaksonni Oromoo gosoota himaa arfaniinuu dhihaachuu danda'uufi keessumaa immoo gosoota himaa sadan: hima salphaa, hima dachaa fi hima xaxamaadhaan haala walitti dhiheenya qabuun dhihaachuu isaaniitu hubatama. Haata'umalee, bifa walbira qabaan yoo ilaalle, mammaaksonni Oromoo hanga tokko hima dachaadhaancaalaatti dhihaachuu isaaniitu hubatama. Akkasumas, mammaaksonni hima dachaa xaxamaadhaan dhihaatan immoo xiqqaa ta'uudha.

#### 4.2. Gosoota Himaa Mammaaksota Oromoo Faayidaa Isaaniitiin

MacCoinnigh (2014) gosoota himootaa mammaaksota keessatti argaman afur: hima himamsaa, hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa ta'uu ibsa. Akka Mac Coinnigh (2015) jedhuttis mammaaksa keessatti inni tokko isa kaan irra bal'inaan mul'atus gosoonni himaa kunneen hundi jiraachuu nidanda'u. Haaluma walfakkaatuun, qorannoo kana keessattis mammaaksonni Oromoo gosoota himaa arfaniinuu dhihaachuutu hubatame. Kanas armaan gaditti gossota himaa kunneen matadureewwan xixiqqaa afuritti qooduun fakkeenyaata mammaaksota Oromoo keessaa fudhachuun ilaalamee jira.

##### 4.2.1. Hima Himamsaa

Kaayyoon hima himamsaa dhaamsa tokko namatti himuudha (MacCoinnigh, 2015). Kanaaf, qorannoo kanaanis mammaaksota Oromoo keessaa kanneen gosa hima himamsaa ta'an harka daran olaanaan jiraachuutu irra gahame (gabatee 2 ilaali). Mammaaksota Oromoo hima himamsaan dhihaatan keessaa akka fakeenyaatti kanneen armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.

- a. Abdiin hirbaata hiyyeessaati. (Jildii-1, f. 60)
- b. Bokokni quufa miti. (Jildii-1, f. 326)
- c. Fayyaan cululleedha. (Jildii-2, f. 95)
- d. Namni wallaalaan yoo dubbatu, lafee nama cabsa. (Jildii-3, f. 41)
- e. Yartuufi sareen garaaf duuti. (Jildii-4, f. 197)

Mammaaksota Oromoo armaan olitti "a-e" irratti tarreeffamaniirraa ilaaluun akkuma danda'amu, hundi isaanii ergaa ykn dhaamsa barbaadame tokko himuuf himamu. Kunis, mammaaksi "a" irra jiru hiyyeessi abdiin akka bulu hima. Mammaaksi "b" irra jiru immoo bokokni akka dhukkuba yookaan rakkoo ta'e hima. Akkasumas, mammaaksonni "c", "d", "e" irra jiran duraaduuba isaaniitiin fayyaan tasa akka badu, dubbiin nama wallaalaa midhaa guddaa akka fiduufi yartuufi sareen garaa ishee guuttannaan dhimma biraaf akka hinyaanne himu. Waan kana ta'eef, faayidaan mammaaksota kunneenis dhaamsawwan kunneen himuudha. Kanarraa immoo mammaaksonni kunneen hima himamsaa jalatti ramadamuu isaaniitu hubatama.

#### 4.2.2. Hima Gaaffii

Hima gaaffii ilaalchisee MacCoinning (2014: 115) “Interrogative sentences take the form of question.” jechuun ibsa. Akka yaada isaa kanaattis himni gaaffii unkaa gaaffiidhaan dhihaata. Bu’uuruma kanaan, mammaaksota Oromoo qorannoo kanaaf iddattoo ta’anii filataman keessaa mammaaksota armaan gadii akka fakkeenyaatti ilaaluun nidanda’ama.

a. Yoo qotiyyoon dide qambarri maal godhaa? (Jildii-4, f. 197)

b. Silaa duutaa maaf of huutaa? (Jildii-4, f. 5)

Egaa mammaaksota lamaan olitti dhihaatan ilaaluun akkuma danda’amu lamaanuu unkaa gaaffiin dhihaachuun dhumarratti sirna tuqaalee keessaa mallattoo gaaffiin xumuramuun yaada wahii tokko gaafachuuf fayyadu. Mammaaksonni faayidaa akkanaa qaban immoo gosoota himaa faayidaan qoodaman keessaa hima gaaffii ta’uutu hubatama.

Gama biraatiin ergaa mammaaksonni kunnen qaban yemmuu ilalaman, mammaaksi “a” irratti dhihaate qonna qotuuf murteessaan qotiyyoo malee qambarri akka hintaane gaafata. Kun immoo hojii hojjetamu tokko keessatti qaamni hojjechuuf murteessaa ta’e fedha hin qabu taanaan qaamni biraa hojjechuu akka hindandeenye agarsiisa. Akkasumas, mammaaksi “b” irratti dhihaates duuti erga hinhafnee of hudhuun maaliif akka barbaachise gaafata.

#### 6.2.3. Hima Ajajaa

Akka Mieder (2012) akka ibsutti, mammaaksonni irra caalaatti ergaa gorsaafi qajeelfama kennu malee ajaja hindabarsani. Yaada kanarraa immoo mammaaksota keessatti gosti himaa ajajaa irra caalaatti bifa gorsaafi qajeelfama kennuun mul’achuu akka danda’uutu hubatama. Haata’umalee, bu’aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti mammaaksonni Oromoo bifa hima ajajajaan dhihaatan bal’inaan hinmul’atan (gabatee 2 ilaali). Qorannoo kanaaf mammaaksota Oromoo 1000 iddattoof fudhataman keessaas mammaaksa tokko qofatu argame. Innis mammaaksa “Al sagal safari al tokko muri!” (Jildii-1. f. 170) jedhudha. Mammaaksi kunis akkuma Mieder (2012) jedhu irra caalaatti ajajaja osoo hintaane gorsa ykn qajeelfama kenna. Kanaaf, kanarraa immoo lakkoofsaan baayyee xiqqaa ta’anis mammaaksonni hima ajajaa mammaaksota Oromoo keessa jiraachuutu hubatama.

#### 6.2.4. Hima Raajeffannaa

Akka MacCoinnigh (2015) ibsuutti, himoonni raajeffannoo miira kanneen akka aarii, ajaa’ibsiisaa, gammachuu, jaalalaafi gadda ibsu. Mammaaksota Oromoo qorannoon kun iddattoo taasifate keessatti mammaaksonni hima raajeffannaan dhihaatan akkuma mammaakosota hima ajajaan dhihaatanii baayyee gadi aanaa ykn lakkoofsaan tokko qofa (gabatee 2 ilaali). Kunis, “Amrii Rabbii! Warri miilla qaqallaa osoo jiruu warri miilla fufurdaa du’a!” (Jildii-1, f. 170) jedhudha. Mammaaksi kunis akkuma MacCoinnigh (2015) jedhu mammaaksa miira ajaa’ibsiisannaa ibsuudha. Kanarraa immoo mammaaksota Oromoo keessaa kanneen hima raajeffannoon dhihaatan akka jiran mirkaneeffachuun nidanda’ama.

Gabatee 2. Hanga Argammii Gosoota Himootaa Mammaaksota Oromoo (Faayidaadhaan)

TL	Gosa Himaa	Hanga gosoota himaa	100%
1	Hima Himamsaa	995	99.5
2	Hima Gaaffii	3	0.3
3	Hima Ajajaa	1	0.1
4	Hima Raajeffannoo	1	0.1
	<b>Ida'ama</b>	<b>1000</b>	<b>100</b>

Ragaan olitti gabatee 2 keessatti dhihaate akka agarsiisutti mammaaksota Oromoo iddatto ta'uun qorannoon kun irratti geggeeffame keessaa 995 (%99.5), 3(%0.3), 1(%0.1), 1 (%0.1) akka duraaduuba isaaniitti hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoodha. Raga dhihaate kanarraa immoo mammaaksota Oromoo keessatti kanneen bifa hima himamsaan dhihaatan daran olaanaa ta'uutu hubatama. Argannoon kun immoo yaada Dundes (1975) mammaaksonni akka waliigalaatti himamsa jedhu waliin walsima.

### 6.3. Baay'ina Jechootaa Himmoonni Mammaaksota Oromoo Irraa Ijaaraman

Qorattoonni afaanota adda addaa keessatti mammaaksonni jechoota meeqarraa akka ijaaraman qoratani jiru. Fakkeenyaaf, Kouega (2017) mammaaksoota Afaan 'Cameroon Pidgin English' keessaa mammaaksi gabaabaan jechoota sadiin, mammaaksi dheeraan immoo jechoota kudha saddeetiin dhihaachuu ibsa. Kanamalees, innumti maammksonni afaanichaa giddugaleessaan jechoota 6.79 irraa ijaaramuu adda baasee jira. Haaluma walfakkaatuun, qorannoo kanaanis mammaaksi Oromoo yoo xiqqaate akkasumas yoo guddate jechoota meeqa irraa akka ijaaramu dabalataanis mammaaksonni Oromoo giddugaleessaan jechoota meeqa irraa akka ijaaraman kutaa kana jalatti xiinxalamee jira.

Gabatee 3. Baayi'na Jechootaa Gosoota Himootaa Mammaaksota Oromoo

TL	Gosa Himaa	Bay'ina Jechaa	Giddugaleessaan
1	Hima Salphaa	1292	4.4
2	Hima Dachaa	2055	6.58
3	Hiam Xaxamaa	1635	5.65
4	Hima Dachaa Xaxamaa	885	8.34
	<b>Ida'ama</b>	<b>5867</b>	<b>24.97</b>
	<b>Giddugaleessa Waliigalaa</b>		<b>6.24</b>

Gabatee 3 irraa ilaaluun akkuma danda'amu jechoonni himoota mammaaksotaa 1000 keessaatti argaman lakkaa'amanii giddugaleessaan 6.24ta'uutu adda bahe. Argannoo kanarraa immoo mammaaksonni Oromoo giddugaleessaan jechoota 6.24 irraa akka ijaaramantuhubatama. Gama biraatiin, qorannoo kanaan mammaaksi Oromoo yoo xiqqaate ykn

yoo guddate jechoota meeqa irraa akka ijaaramu beekuuf yaalamee jira. Haaluma kanaan, mammaaksa armaan gaditti ‘a’ irratti dhihaate irraa ilaaluun akkuma danda’amu mammaaksota Oromoo keessaa mammaaksi hundarra gabaabaa ta’e jechoota lamairraa ijaarama. Haata’umalee, mammaaksa “b” irratti dhihaate irraa ilaaluun akkuma danda’amu mammaaksi Oromoo hundarra dheeraa ta’e immoo jechoota 22 irraa ijaaramutu hubatama.

a. Fayyaan cululleedha. (Jildii-2, f. 95).

b. Ayyoo ganama garaajalatti nabaatti; fixeensaan nadayatti; guyyaa dugdatti nabaatti; aduun nadayatti; jaalaluma isheetuu wallaale; jette ilmoon jaldeessaa. ( Jildii-1, f. 19)

## 5. Goolaba, Argannoofi Yaboo

Qorannoo kanaan mammaaksonni Oromoo unka caasaa himaa irratti hundaa’uudhaan akka dhihaatan hubatamee jira. Kanaafis, gosoota himaa ulaagaa caasaafi faayidaa irratti hundaa’uudhaan qoodaman hundaan dhihaachuu akka danda’an beekamee jira. Bu’uuruma kanaan, mammaaksonni Oromoo caasaa ciroo of keessaa qabaniin gosoota himootaa hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaa akkasumas hima dachaa xaxamaadhaan dhihaatu. Kanamalees, qodama himaa faayidaadhaan jiruunis yoo ilaalaman gosoota himaa hima himamsaa, hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaadhaan dhihaachuu danda’u. Haata’u malee, gosoonni himootaa mammaaksonni Oromoo ittiin dhihaatan kunneen hanga argammii (frequency) isaaniitiin walcaalamaa qabu. Gosoota himootaa caasaan qoodamaniin mammaaksonni dhihaatan hanga argammii isaaniitiin walittidhiheenya qabaatanis walbira qabaan yoo ilaalaman, mammaaksonni hima dachaadhaan dhihaatan %31.2 qabachuun sadarkaa tokkoffaarratti argamu. Kanamalees, %29.3 qabachuun mammaaksonni hima salphaadhaan dhihaatan sadarkaan lammiffaa akkasumas mammaaksonni hima xaxamaa % 28.9 ta’uun sadarkaa sadaffaa qabatani jiru. Mammaaksonni hima dacha xaxamaan dhihaatan garuu %10.6 ykn xiqqaadha. Gama qoodinsa himoota faayidaarratti hundaa’uudhaan jiraniin yoo ilaallu immoo mammaaksonni Oromoo harka daran olanaa (%99.5) himoota himamsaadhaan dhihaatu. Dhibbantaawwan xiqqaan hafan: %0.3, %0.1 fi %0.1 haala duraaduuba isaaniitiin hima gaaffii, hima raajeffannoofihima ajajaadhaan dhihaatu. Mammaaksonni Oromoo baayyina jechoota irraa ijaaramaniin yoo ilaalamanis jechoota 2 hanga jechoota 22 irraa ijaaramuu danda’anis giddugaleessaan garuu jechoota 6.24 irraa akka ijaaraman qorannoo kanaan adda bahee jira.

Walumaagalatti, qorannoon kun amaloota mammaaksota Oromoo gosoota himaatti daangessuudhaan ilaale. Qorannichaanis mammaaksonni Oromoo caasaa himaa guutachuudhaan sadarkaa himaatti gosoota himaa adda addaadhaan dhihaachuun isaanii adda bahee jira. Haata’umalee, dirree qorannoo xiinqooqaa irratti hundaa’uudhaan qorannoon sadarkaa himaatti geggeeffamu immoo kana qofaa miti. Kanaaf, hayyoonni xiinqooqaa amaloota mammaaksonni Oromoo sadarkaa himaatti qaban irratti osoo qorannoowwan biraa bal’inaan geggeessanii gaariidha

## Wabiilee

- Adeyemi, A. (2005). Empowering African languages: Rethinking the strategies. *The Journal of Pan African Studies*. Vol. 3 No. 3.
- Alamaayyoo Haaylee, Boshii Gonfa, Daani'eel Dheeressaa (1998). *Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa*. Finfinnee: Berhanena Selam printing enterprise.
- Alduais, Ahmed M. S. (2012). Sentence analysis from the point of view of traditional, structural and transformational grammars. *International Journal of Academic Research in Business and Social Sciences*, Vol. 2, No. 12.
- Belfatmi, M. (2013). The representation of women in Moroccan proverbs. *Journal of Humanities and Social Sciences*, 17 (1), 15-21.
- Dundes, A. (1975). *On the structure of the proverb*.
- Ehondor, B. (2017). *The concept of proverbs as a theoretical category in communication in Africa*. Pan-Atlantic University: Lagos, Nigeria.
- Finnegan, Ruth. (1970). *Oral literature in Africa*. Oxford: Oxford Claridon press.
- Diribee Qana'aa (Gul.) (2007). *Mammaaksa Oromoo hiika waliin: Jildii- 1* (Maxxansa 2<sup>ffaa</sup>). Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee : Mega Printing p.l.c
- \_\_\_\_\_ (2007). *Mammaaksa Oromoo hiika waliin: Jildii- 2*. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee: Mega Printing p.l.c
- \_\_\_\_\_ (2007). *Mammaaksa Oromoo hiika waliin: Jildii- 3*. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee: Mega Printing p.l.c
- \_\_\_\_\_ (2007). *Mammaaksa Oromoo hiika waliin: Jildii- 4*. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee: Mega Printing p.l.c
- Kouega, J.-P. (2017). Some features of the syntax of proverbs in Cameroon pidgin English. *Open Access Library Journal*, 4: e4139.
- LaPalombara, L. E. (1976). *An introduction to grammar: Traditional, structural, transformational*. Cambridge, Massachusetts: Winthrop Publishers, Inc
- Levin, Maurice I. (1968). *The structure of the Russian proverb*. In Charles Gribble (ed.). *Studies Presented to Professor Roman Jakobson by his Students*. Cambridge, Massachusetts: Slavica Publications, 180-187.
- MacCoinnigh, M. (2012). *Syntactic structures in Irish-language proverbs*. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, vol. 29, p. 95-136.
- \_\_\_\_\_ (2015). Structural aspects of proverbs. In H. Hrisztova-Gotthardt, & M. Aleksa Varga (Eds.), *Introduction to Paremiology: A Comprehensive Guide to Proverb Studies* (pp. 112-132). Berlin: de Gruyter.
- Mahgoub, Fatma M. 1968. *A linguistic study of Cairene proverbs*. Bloomington: Indiana University.
- Marjolijn V. and Kim S. (2000). *English sentence analysis: An introductory course*. Amsterdam / Philadelphia: John Benjamins Publishing Company.
- Megersa Regassa and Dejene Gemechu (2019). Oromo proverbs and proverbial expressions in the customary judicial system in Ethiopia. *Journal of Ethnology and Folkloristics* 13 (2): 108–123 DOI: 10.2478/jef-2019-0016.

- Mengesha Rikitu (1992). *Oromo oral treasure for a new generation*. London: Top Print.
- Mieder, W. (1985). Popular views of the Proverb. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship* 2, 109-143.
- \_\_\_\_\_ (1993). *Proverbs are never out of season: popular wisdom in the modern age*. New York: Oxford University Press.
- \_\_\_\_\_ (2004). *Proverbs: A Handbook*. London: Greenwood Press.
- Norricks, N.R. (2014). *Subject area, terminology, proverb definitions, proverb features*. In H. Hrisztova-Gotthardt & M.A. Varga (Eds.), *Introduction to paremiology: A comprehensive guide to proverb studies* (pp. 7-27). Warsaw: De Gruyter Open Ltd.
- Oduaran A. and Oduaran C. (2006). *African proverbs as a medium of fostering intergenerational relationships and communication in the Niger Delta, Nigeria*. *African and Asian Studies*.
- Peter Grzybek (1994). "Proverb". *Simple Forms: An encyclopedia of simple text types in lore and literature*. Ed. Walter Koch. Bochum: Brochmeyer, 1994. 227-41 (here pp.227).
- Rivero, L. (1978). *Topicalization and wh-movement in Spanish*. *Linguistic Enquiry*, 9,513-517.
- Salzmann, Z. (1998). *Language, culture and society: An introduction to linguistic anthropology*. Oxford: Westview Press.
- Seitel, Peter (1969). *Proverbs: A social use of metaphor*. *Genre*, 2, 143-161
- Silverman-Weinreich, Beatrice (1981). *Towards a structural analysis of Yiddish proverbs*. In Wolfgang Mieder and Alan Dundes (eds.). *The wisdom of many: Essays on the proverb*. New York: Garland.
- Spiegel R. Murray and Larry J. Stephens (1999). *Statistics third edition*. Schaum's Online Series, McGraw-Hill.
- Sykes, W. and G. Hoinville (1985). *Telephone interviewing on a survey of social attitudes: A comparison with face to face procedures*. London: Social and Community Planning Research.
- Taylor, A. (2003). *The proverb, proverbs and their lessons*; In Wolfgang Meider (ed.) Supplement series of *proverbium* 13. Vermont: University of Vermont.
- Tóthne Litovkina, Anna (1990). *Hungarian and Russian proverbs: A comparative analysis*. *Proverbium: Yearbook of international proverb scholarship* 7, 241-
- Winick, Stephen D. (2003). *Intertextuality and innovation in a definition of the proverb genre*.
- Yankah, K. (1989). *The proverb in the context of Akan Rhetoric –A theory of proverb Praxis*. New York: Peter Lang Publishing Press.